# Tokkoon keessan uffata tokko uffatee, ceekuu isaa lamaan irratti osoo homaa hin uffatin hin salaatin

Abuu Hureyraa irraa akka odeeffametti -Rabbiin irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Tokkoon keessan uffata tokko uffatee, ceekuu isaa lamaan irratti osoo homaa hin uffatin hin salaatin».
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- namni tokko osoo ceekuu isaa lamaan irra waan isa dhoksu hin kaayin uffata tokko keessatti akka hin salaanne dhoorgan; sababni isaas ceekuun lamaan qaama dhokatuu qabu (awraa) yoo ta'uu baatanillee isaan haguuguun barbaachisaa waan ta'eef jecha. kun yeroo Rabbii ol ta'e dura dhaabbatanii salaatan, isa kabajuu fi ulfina kennuufitti dhihaata.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee